Qajeelfama I: Gaaffleen 1-6 Jiran Waliin Dubbiirratti Xiyyeeffata.

Yaadolee Sirrii Bakka Duwwaa Guutan Filadhuu Deebisi.

Hawwii: Biyyaa ormaa attamiitti obsitee amma kana jiraatte?

Lammii: Biyya qaroomte jiraachuun kabaja qaba.

1. Hawwi: _____.
   A. Kabajni biyya ofiitti hojjachuudha C. Ani hin beeku
   B. Ati biyya kee hin jaalattu D. Ani filannoo hin qabu

Lammii: Ati maaliif biyya alaa jibbita?

2. Hawwii:_____.
   A. Ani kaayyoon qaba C. Aadaa isaaniitu natti hin tolu
   B. Biyyi alaa mijaa'aadha D. Biyya alaa jiraadhee hin beeku

Lammii: Qabeenya horachuuf kan isaanii fudhachuu qabda.

3. Hawwii: _____.
   A. Biyyi keenya soorettiidha C. Qabeenya guddaa qabda
   B. Of dhiisee isaaniin hin ta'u D. Hunduu biyyuma

4. Lammii: _____?
   A. Faayidaa isaa hin ilaaltuu C. Bareedaa sitti hin fakkatuu
   B. bashannana hin jaalattuu D. Daftee sooromuu hin feetuu

Hawwii: Bu'aan argadhurra miidhaan yoo caalee attam ta'a?

5. Lammii:_____
   A. Kana attam godhu? C. Kunillee dhuguma miidhaadha.
   B. Yaanni koo kanuma keeti. D. Amma walii gallee jirra.

Hawwii: Eessattuu kan cimee hojjate akka milkaa'u bari.

6. Lammii: _____
   A. Amma sirriitti naa galeera. C. Amma walii galuu dandeenyaa?
   B. Amma biyya alaa jaaladheera. D. waliin hojjachuu dandeenyaa?

II. Qajeelfama II: Gaaffilee 7-17 Jiran Seera Afaan Oromoo Hordofuun Deebii Sirrii Filadhuu Waraqaa Deebbii Irratti Guuti.

7. Dhibee daddarbaan karaa adda addaa nama qabuu danda'a. Hima kana keessatti kan jala sararame maali?

A. Gaalee C. Hima xaxamaa

B. Ciroo D. Hima dachaa

8. Yoo dafnee deemne, konkolaataa jalqabaa arganna. Ciroo irkataa hima kanaa kan ta'e kami?

A. Konkolaataa jalqabaa C. Yoo dafnee deemne

B. Konkolaataa arganna D. Dafnee deemne

9. Gale jennee gali yoo jenne, dhufe jennee maal jenna?

A. Dhufi C. Koottu

B. Dhufsiisi D. Koottaa

10. Wixineen jecha barbaachise jedhuu kanneen armaan gadii keessaa kami?

A. barbaad- C. barbaade

B. barbaa- D. -chise

11. Kanneen armaan gdii keessaa jechi irra deddeebii dogoggoraa qabu kami?

A. Funfunaane C. Guggube

B. Bibbiqile D. Kukkute

12. Kanneen waa'ee _____ hin beekne, waa'ee namaa odeessaa oolu.

A. ofii C. ofii ofii

B. ofiinii D. of ofiin

13. Ayyaanaa _____ dhaqii gaachana naa fidi.

A. irra C. gara

B. bira D. ol

14. kanneen armaan gadii keessaa himni seera afaan Oromoo eegee hin ijaaramne kami?

A. Eessa eessa si dhukkuba?

B. Gaaf gaaf maaliif nu hin gaafattu?

C. Yoom yoom dhaquu wayya?

D. Maaf maaf sodaatte?

15. Himni sirna tuqaalee fi qub-guddeessa sirriin ijaarame kami?

A. Safuu; attam bareeddi?

B. Uggum! Maal maal bareeddi!

C. Ajaa'iba, attam dheerata?

D. Raajiidha, maal maal dubbata!

16. Intala_____dheertuu sana argitee?

A. qal'oo magaala

B. ql'itti magalattii

C. magaala qal'oo

D. magalattii qal'ittii

17. Cimtee hojjatteetti;_____, waan milkooftu hin fakkaattu.

A. kanaaf

B. haa ta'u malee

C. ta'us dhiisus

D. akkasuma immoo

Qajeelfama III: Gaaffilee18-22 Jiraniif Haaluma Gaafatamteen Deebii Kenni.

18. Nama manni jalaa gubateef _____ kenninee galle.

A. badhaasa

B. matta'aa

C. gumaa

D. hirpha

19. Balali'e jennee qubate yoo jenne, nyaaphaa jennee maal jenna?

A. diina B. ollaa C. fira D. gosa

20. Aggate jennee rukute yoo jenne, kaadhimmate jennee maal jenna?

A. Fuudhe

B. jaalate

C. Naqate

D. Hidhate

21. Qallayyoo magaallee, mootittii Fayyisaa

Quba nattin raasinii, lakkii na madeessaa.

Yaanni dhokataan walaloo kana keessa jiru kami?

A. Madaa natti uuma
C. Ija na balleessa
B. Na sodaachisa
D. Dhala godhatta

22. Bitte jennee bitachuu yoo jenne, _____jennee_____jenna.

A. gate/gatachuu
C. teesse/taa'achuu
B. dide/didachuu
D. fuute/fudhachuu

Qajeelfama IV: Gaaffilee 23-30 Jiraniif Yaadota Jala sararaman Kanneen Bakka Bu'an Filadhuu Deebisi.

23. Hinsarmuun haagii baasuurra haaloo kuusuu jaalata.
A. Dhiifama gochuu
C. Gatii baasuu
B. Irraa cituu
D. Gadoo qabachuu

24. Gorsi Abbaa Gadaa kan akka qoosaatti ilaalamu mit.
A. Laayyootti
C. Cimaatti
B. Kolfaaatti
D. Hamaatti

25. Handhuuraan Caaltuu mooraa(foonaa) tokko guutaniiru.
A. Kennaan loonii
C. Kennaan lukkuu
B. Baasiin ishii
D. Idaan ishii

26. Abbaan Ulee har'a loon tiksu eenyu?
A. Eegu/dabaree
C. Daboo/eegu
B. Dabaree/eegu
D. Eegu/daboo

27. Hawwii faana maal irratt walitti buutan? Hiikni kallattii yaada jala sararamee maal ta'[a?
A. Waldhabdan
C. Walbartan
B.walrukuttan
D. Addaan waldhooftan

28. Garaatti hafuu ishii erga bartee baay'ee gmmadde.
A. Ulfa taatee
C. garaa ishii nyaatee
B. Gadoo qabattee
D. Haaloo kuuftee

29. Finfinnee deemtee baatii tokko achitti dabarsitee debite.
A. Torban tokko
C. Ji'a tokko
B. Halkan tokko
D. Yeroo tokko

30. Caaltuun kaamettii waan taateef hunduu harka ishii barbaada. Hiikni

jechoota jala sararamanii wal duraa duubaan maal ta'a?

A. Ogeettii/ogummaa
C. Hojjettuu/ogummaa
B. Ko'eettii/ ogummaa
D. Ogummaa/ ko'eettii

31. Akka waan deeebinee jiraannuu yaa durii jenna.

A. kan dur jibbina
C. Kan durii hawwina
B. Abdiin jiraanna
D. Abjuu odeessina

32. Nama ayyaan-toleessa akke keetii hin agarre.

A. Kan milkii qabu
C. Ayyaanni itti bu'e
B. Gara-bal'eessa
D. Nama qajeelaa

33. Bara darbutu maqaa hin dabarre namarra kaa'a.

A. Kaleessa dagachuu
C. Barii wallaaluun dagachuu
B. Obsa qabaatanii milkaa'uu
D. Obsa dhabuun maqaa baduu

34. Namichi balaan konkolaataa irra ga'e du'eetuma ka'e.

A. Bool'a diigee ka'e
C. Kafanamee turee ka'e.
B. Baay'ee dhkkubsatee fayye
D. Lubbuun keessaa baatee deebite.

35. Mucaan yoomittuu daadee baase?

A. Ilkaan
C. Qeensa
B. Kalaadaa
D. Irgee

Qajeelfama V: Gaaffilee 36-38 jiraniif yaada mammaaksota xumuran, 39-41 jiraniif immoo deebii hiibboo kanneen ta'uu danda'an filachuun deebisi.

36. Eeboo fi maanguddoo_____.

A. ni kabaju
C. harkaan hin qaban
B. ni baqatu
D. Dura hin dhaabbatan

37. Abbaan damma nyaateef,_____.

A. Ilma afaan hin urgaa'u
C. ilma afaan hin hoo'u
B. ilma afaan jin mi'aawu
D. ilmi dharraa hin ba'u

38. Intalli garaa laaftu,_____.

A. garaan lafa hin taa'u
C. garaa nama qabbaneessiti.
B. Garaa hin dhokfattu
D. garaa duwwaa hin heerumtu

39. Uleen abbaan koo naa mure, hin cabus hin badus.

A. Gaachana C. Mana

B. Harooressa D. Maqaa

40. Fayyaan du'aa dhalee, du'aan fayyaa dhale.

A. Lukkuu/killee C. Gaangeefi fe'uma

B. Fardaafi kooraa D. Biyyee/midhaan

41. Mukasaa hin yaabbatan, ijasaa hin nyaatan, isa malee hin jiraatan.

A. Muuzii C. Jirbii

B. Goraa D. qamadii

Qajeelfama VI: Gaaffilee42-46 Jiran Walaloo Armaan Gaditti Dhihate irraatti Hundaa'uun Deebii Kenni.

Yaa warra keenyaa, maaf nama waamtuu?

Farsoo hin baanettoo, daadhii bookattoo

Maaf nama laattuu nama hin taanettoo

Warra hin godhanne sanyii doofaattoo.

Harmi koo hin baanee ni quuqxe malee

Kenni koo hin geenyee na quuftan malee

Ulee geeshee muruu anoo beekee hin buluu

Maaltu maal ta'ee kan badii ta'ee?

Cabaa hin tuffannee darbaa hin dubbannee

Agadaan quncee hin ta'uu

Jajjabaadhu hiriyee, manni abbaa hundee hin ta'uu

Gombisaan tarree galee, boobee laga hin dhabanii

Eenyuafaatu qarreetti hafee, boossee nama hin raasinii.

42. Akka dubbisa kanaatti yaanni sirrii ta'e kami?

A. Nama hin malletti kennamuu
C. Gaa'ela dhabuu
B. Sooressatti heerumuu
D. Farsoo naquu wallaaluu

43. Harmi koo hin baanee... kan jedhu maal ibsuufi?

A. Quuquu harmaa
C. Heeruma akka hin geenye
B.Harmi aannan dhabuu
D. Harmi jiguu

44. Akka dubbisichaatti yaanni dogoggora ta'e kami?

A. Nyaataaf hin komanne.
C. Dubbii hin balleessine.
B. Mana qabachuu hin geenye.
D. Heeruma hin jaaladhu.

45. Akka dubbisichaatti yaanni dogoggora ta'e kami?

A. Hunduu gaa'ela ni dhaabbata.
C. Boo'icha dhiisi.
B. Balaatu sitti ba'e.
D. Mana abbaatti hafuun hin jiru.

46. Akka walaloo kanaatti 'qarree' kan jedhu maal ibsa?

A. Fiixee
C. Durbummaa
B. Tabba gubbaa
D. Qara

Qajeelfama VII: Gaaffilee 47-55 Jiraniif haaluma gaafatamteen deebii kenni.

47. Jechoota armaan gadii keessaa kan adda ta'e kami?

A. Burtukaana
C. Loomii
B. Abukaadoo
D. Qullubbii

48. Jechii qubee sirriin barreeffame kami?

A. Iftomiinaa
C. Kuduraa
B. hamayumaa
D. Gaargarsa

49. Jechi dogoggora qubee qabu kami?

A. Irreessa
C. Saardoo
B. Biqiloota
D. Daararaa

50. Kanneen armaan gadii keessaa jechi hiika sirrii qabu kamI?

A. Luukluukuu C. Faaccissuu

B. Bixxillee D. Giingiilcha

Qajeelfama VIII: Gaaffilee 51-55 jiraniif Jechoonni Armaan Gadii Haala Hima Sirrii kennuu Danda'aniin Kaa'uun Deebii Filadhu.

A. taasisaniiru [1] /seenaa [2]/ hiyyummaa [3]/Kanneen [4]/gara [5]/ kuteenyaa [6]/ hojjatan [7].

B. warqee [1]/ argachuun [2]/ lammii [3]/boonsite [4]/Ganzabee Dibaabaa [5]/ yeroo tokkotiin [6]/ figicha [7].

C. uummataa [1]/qabeenya [2]/Afaan [3]/ bakka bu'aa3 [4]/ kan [5]/ beektaa [6]/hin qabne ta'uu [7]?

D. aadaa [1]/ isaan ala ta'e [2]/Uummanni [3]/ baateen [4]/keessaa [5]/ bishaan [6]/ qurxummii [7]/ tokko [8].

E. holqi [1]/ uumama [2]/ ajaa'ibaati [3]/ Soof Umar [4]/ Godina [5]/iddoo [6]/Baaleetti kan argau [7]/

51. Tartiibni jechoota 'A jala jiranii kan ta'uu qabu:

A. 2,4,3,5,6,7,1 C. 4,5,6,7,3,2,1

B. 2,1,3, 4,5,6,7 D. 3,2,1, 4,5,6,7

52. Tartiibni jechoota 'B' jala jiranii kan ta'uu qabu:

A. 1,3, 5,7,2,6,4 C. 5,1,6,2, 3,7,4

B. 6,5,1,2,3,7,4 D. 5,7,6,1,2,3,4

53. Tartiibni jechoota 'C' jala jiranii kan ta'uu qabu:

A. 3,2,1,5, 4,7,6 C. 2,1,5,4,7,3,6

B. 6,3,2.1,5,4,7,2 D. 3,6,2,1,5,4,7

54. Tartiibni jechoota 'D' jala jiranii kan ta'uu qabu:

A. 3,1,5,4,7,2,6,8, C. 3,1,2,7,6,5,4,8

B. 3,1,5,2,7,6,4,8 D. 3,7,2,6,5.1,4,8

55. Tartiibni jechoota 'E' jala jiranii kan ta'uu qabu:

A. 4,1,5,7,6,2,3 C. 1,4,5,7,6,2,3

B. 1,4,6,2,3,5,7 D. 5,7,1,4,6,2,3

Qajeelfama IX: Gaaffilee 56-60 Jiran Dubbisa Armaan Gadii Irratti Hundaa'uu Deebisi.

Sirna Gadaa keessatti namni marsaa Gadaa keessa hulluqu tokko dhalootasaa irraa ka'ee hanga Abbaa Gadaa ta'utti darbees jaarsomutti sadrkaa keessa darbu qaba. Akka Gadaa Oromoo Maccaa fi Tuulamaatti Fooleen dargaggoota ganna 16-24 keessa jiranidha. Isaan kun akka Gadaa Oromoo Booranaatti Gaammee Gurguddoo jedhamu.

Dargaggoonni sadarkaa Gadaa Foollee keessa jiran adamoo adamsu; bineensi akka horii hin nyaanne ittisu; barumsa waraanaa fi ispoortii baratu; biyyarraa naanna'uun foollisaa saba maraan wal baru; dirqama ittisa naannoo bahatu. Hojiin isaanii inni guddaan sirna, naamusaa fi tasgabbii naannoo eeguudha.

Foolleen dirqama biroos ni qaba. Yeroo Buttaan qalamu Foolleetu korma kuffisa. Cinaacha korma buttaa akkuma jirutti Foolleetu fudhata. Foonicha akkuma leencaa walharkatti ciree nyaata. Foolleen yoo sirni Gadaa jallate korma hin kuffisu. Namni sera cabses akka buttaa hin qalle ni morma.

Foolleen Seera malee nama hin sodaatu. Waan fedhe jedhee sirba. Abbaa Gadaa cimaa ta'e ni faarsa; kan seera cabse ni abaara. Dargaggoo badii dalage akka adabamu godha. Akka raayyaa waraanaatti Gadaa jalatti ajajam; Gadaan bula; Abbaa Gadaa jalatti seera tiksa. (Gaazexaa Bariisaa Guraandhala, 2010)

56. Kanneen armaan gadii keessaa mata duree dubbisa kanaa kan ta'uu qabu

A. Sirna Gadaa keessatti ga'ee foollee

B. Sirna Gadaa Oromoo

C. Bulchiinsa Oromoo keessatti gahee Gadaa

D. Seera aadaa uummata Oromoo

57. Hiikni jecha hulluuquu jedhu maali?

A. Lo'uu
C. ce'uu
B. Darbu
D. gugguufuu

58. Ganna kan jedhu maal jechuudha?

A. Roobaa
C. Yeroo qorraa
B. Waggaa
D. waqtii hurrii

59. Akka dubbisichaatti cinaacha Korma buttaa kan jedhu maal ibsa?

A. Lafee garaa jalaa
C. Lafee jajallaa
B. Lafee foonichaa
D. walakkaa foonichaa

60. Akka dubbisichaatti yaanni dogoggoraa kami?

A. Sirna Gadaa keesatti aboo ol-aanaa kan qabu Foolleedha.

B. Foolleen seeraan bula; abbaa Gadaaf ajajama.

C. Foolleen gahee ittisa biyyaa ni baha.

D. Foolleen foollisaa saba maraa bara.